AFAAN OROMOO MAALI?

Oromon Afaan Oromo qaba; Somaaleen Afaan Somaalee qaba; Sidaamaan Afaan Sidaamaa qaba; Afar Afaan Afar qaba. Warri kunneen Maatii Kush Jedhamu. Warri biroo hedduunis akkasuma akaakuu ittiin waamaman qabu.

Afaan meeshaa duudhaan, safuun, eenyummaaf aadaan saba tokkoo ittiin ifatti ba'udha. Uummanni afaan ofii qabutti garagaaramee dubbachuu, dhaggeeffachuu, barreessuu, dubbisuuf qorannoofi qu'annoon yeroo ittiin adeemsifamu akkaataan guddinasaa saffisa cimaa qabaata.

Uummatni Oromoo, uummata aadaa dagaagaa qabudha. Aadaan uummatichaa bifa baay'een calaqqisan keessaas Og-barruun isa tokkodha. Afaan dhalataan Oromoo guyyaa itti dhalatee jalqabee, hanga lubbuun isaa lafa kan irra jiruutti akkaataa itti uummata isaa waliin jiraatu, yeroo gaddaafi gammachuu isaa akkaataa itti dabarsu, aaddaafi uummata isaaf kabaja inni qabu, mataa isaa akkaataa itti naamusaan qabuuf jireenya hawaasummaa keessatti itti hirmaatu murteessa.

Afaan Oromoo afaanota garaagaraa Afriikaa keessatti heddumminaaf bal’inaan dhimma itti bahaman keessaatti argama Afaanichi afaan dubbatamaa qofa ta'ee suuta suutaan akka inni dhabamu taasifamuuf wanni hingodhamiin hinturre.

Yeroo ammaa kanatti garuu hawaasichi afaaniifi aadaasaa bilisa ta'ee dagaagsuufi guddifachuurratti argama. kana ilaalchisee heerri mootummaa naannoo Itoophiyaa keewwaata 5 lakk 1 qooqni Itoophiyaa kamiyyuu mootummaa biratti beekamtii walqixxee qabaatu *“All Ethiopian Languages shall enjoy Equal state recognition”* jedha. Carraan heera mootummaatiin argame kun ammoo akka og-barruun saba tokkoo dagaaguufi guddatuuf balbala banee jira. Uummanni Oromoos carraa kana keessatti fayydamaa ta'ee jira. Carraa qubee afaan Oromoo ittiin barreessuuf mijatu kalaquufi bocuu keessatti gootni Oromoo Sheek Bakirii Saphaaloo kan iddoo guddaa qabu yoo ta'u, kanneen akka Hiika Awaajii (Onesmoos Nasibii)fi Aster Gannoo ammoo seenaa guddina Og-barruu keessatti kan hundee gaarii saba Oromoof kaa'anii darbanidha.

Ogbarruun faayidaa hammana hinjedhamne ilma namaaf kenna. Kanneen keessaa muraasni: sammuu gabbisuu, ija banachiisuu,

bashannansiisaa barsiisuu, eenyummaa hubachiisuu, bal’isanii akka yaadan gochuu, onnachiisuu, aadaafi duudhaa hawaasaa dhalootaaf dabarsuu, falaasamaafi seenaa duraanii asfiduun jiruu har’aa qajeelchuu, ittiin qaroomanii dorgomaa addunyaa kanaa ta'uufi kan kana fakkaatan fa'iif ooluu danda'a. Maddi barreeffamaa ogafaan hawaasichaa. Ogafaanis oromoo lafa xaa’oo ogbarruun irratti margudha.

Sababbin isaa Afaan Oromo baranee miti; afaan waggoota/ganna kumoota dabarse malee. Ganna kumoota keessa darbaa dabarsa dhalootaa dhalootatti fufee har’a gahe. Kannaf afaan kun lataa, daraaraafi mandiyaa jira.

Dagaagina Afaan Oromo Maaltu Agarsiisa?

Afaan Oromo guddicha ta’uu wantootni mullisan jiru. Kanneen keessa tokko jechoota bayyee qabachuu isaa ti. Kana alagaan illee, keessumaa Amaarri, bifa adda addaa tiin ni hubata. Jechoota keenya hedduu fudhataniiru waan ta’eef. (Hayyotni isaanii akka jedhanitti Amaarinyaa keessaa dhibeentaan 30 Afaan Oromo irraa fudhatame). Baayyinni jechoota Afaan Oromo kun bifa adda addaa tiin mullata.

Jechoota bakkaa bakkatti hiika tokko qaban: Inni tokko jechootni hiika tokko qaban (dhimma tokkicha agarsiisan) baayyachuu dha. Fakeenyaaf jechi "*baayyee*" jedhu kun jechoota dhimma kana (baayyina) agarsiisan biroo yoo xiqqaate sadiitu jiru. Isaanis *dannaba*, *danuu* fi *hedduu* dha.

Jechootni kun qubsuma ykn teessuma lafa jireenya ummatichaa irratti hundaa'ee bakkaa bakkatti inni tokko isa biroo caalaa hubatamuu danda'a. *Baayyee* inni jedhu gara dhihaa fi walakkeessatti ballinaan beekama. Danuu fi dannabnis gara dhiha bahaa (south west) fi dhihaa akkasumas walakkessa bahaatti (east central) ballinaan beekamu. Hedduun immoo caalmaan bahatti beekama. Caalmaa jechuun kan barbaachise hundinuu bakka hundattuu ni beekamu isa jedhu agarsiisuufi.

As irratti *hunda* kan jedhu illee akkasuma. Hunda kan jedhu *mara* fi *cufa* qaba. Mara kan jedhu irra guddeessa Arsiitti beekama. Wanti tokko maramee wal gahuu isaa agarsiisuu irraa kan madde fakkaata. Cufni immoo walakkeessaa fi bahatti fardii dhagahama. Jiraattotni bakka tokko (fakkeenyaaf ganda) irraa yoo bahe ykn walitti yaa'e man- cufa bahe jedhu.

Jechoota hedduu dhimma tokko ibsan: Afaan Oromo keessatti jechootni waan tokko ibsuuf bifa garagaraa tiin itti fayyadamaman jiru. Warri kun guutuu Oromiyaa keessatti ballinaan beekamu. Haala qilleensa naanno, jireenya ummataa, qanno (ballina), rakko (dhiphina), gootummaa, sodaa wkf kan agarsiisan jechootni Afaan Oromo hiika waliigalaa tokko irraa maddan kumaatama. Fakeenyaaf jechootni ho'ina sadarkaa adda addaa agarsiisan jiru. Isaanis *ho'aa*, *bulluqaa*, *gubaa*, *olotaa*, *danfaa* … jedhamu. Ho'aan hangi ho'ina isaa xiqqaa yoo ta'u danfaan garuu bishaan aara baasuu agarsiisa (boiling point). Qabbana irrattis *qabbanaa'aa*, *qorraa*, *diilalla*, *qabbajjaa'aa*, *adoodaa*, *cabbaa'aa* … of keessaa qabu. Hiikni jechoota kanaa sadarkaa qabbanaa'uu (extent of temperature) agarsiisa. Qabbanaa'uun waan tokkoo (fakkenyaaf bishaan ykn qilleesni) sadarkaa xiqqaa irraa gara guddaatti ol ka'uu mullisa. Qabbana kan jedhu qabbanaa'uun waan sanaa xiqqaa ta'uu hubanna. Cabbaa'uu hoo jennu garuu sadarkaa cabbiin itti uumamu (freezing point) ta'uu mullisa. (Qezqazan waan akkasii qabaa?)

Haala ho'inaa fi qabbanaa irratti jechootni keenya baayyachuun tarii ummatni keenya lafti inni irra jiraatu, biyyi isaa Oromiyaan haala qilleensaa irraa-jalaa qabaachuu irraa kana madde

fakkaata. Gammoojjii olotaa irraa hanga baddaa cabbaa'aatti qilleensa garaagaraatu jira. Garaagarummaan qilleensaa kun ummatichi akka inni hundaafuu jecha kennuuf taasiseera ta'a.

Ummatni Oromo jireenya isaa keessatti gootummaatti amana (goota faarsa); nagaan jiraachuuf diina of irraa faccisuun dirqama waan iiti taateef. Sirbi isaa, walaloon, geerarsi, garmaamsi, shaggoyyeen, tirriin … kana agarsiisu. Ummatich goota faarsa waan ta'eef sodaataa hin jaallatu. Sodaataa ni abaara; ni tuffata. Kana irraa kan ka'e jechootni sodaataa ibsan baayyee dha. Isaanis *albaatii*, *daboora*, *daafura*, *lunna*, *sodaataa*, *xeellaa* … faa dha.

Afaan tokko jechoota baayyee qabaachuun isaa wantoota guddina isaa mullisan keessa isa guddicha. Jechootni immoo mala ittiin uumaman ni qabaatu. Afaan Ingilisii (English) akkaataa jechootni isaa itti uumaman wantoota mullisan 14 tu jiru. Akkaataa/mala Afaan Oromo ittiin uumame kan mullisan meeqa akka ta'an garuu ogeessi adda baase jiraa laata? Yoo hin jiru ta'e itti yaaduu hin qabnu? (Egaa jechoota dhimma tokko irratti hiika adda addaa qabaniin maal akka jennu mee walitti haa himnu).

Afaan Oromo baranee miti!!

Baranee jechuun waan barana ta'e/uumame, bara dheeraa kan hin dabarsin jechuu dha. Wantootni irranatti walitti himne marti Afaan Oromo baranee akka hin taane mullisu. Afaan Oromo tarii umrii gara ganna kuma jahaa oli qaba. Lakkoofsi baraa kan Gadaa (dha'aan) illee ganna kuma jahaa ol ta'uun ibsamaa jira. (Maddi ummata keenya walakkeessa bahaa (Middle East) naanno Misir ammaa ti jedhama. Araboonni acchi eega qubatanii gara ganna kuma tokkoo ti jedhama). Kana jechuun afaanichis isuma waliin dhufee har'a gahe jechuu dha. Afaan Oromo baranee miti; natoo dha; buulessa; buleessas; mandiidaa dha; mandiyaa dha; sooressa!! Itti dhimminee baballifachuun immoo gahaa fi dirqama keenya. Daandii kanaan hanga tokko wal arguuf haa yaallu! Didhaa dalootni darbe nuun gahe haa baanu! Afaan Oromo guddicha ta'uu hubannee itti haa boonnu. Itti haa fayyadamnu. Kan ormaa kan ormaa ti; kan ofii ta'uu hin danda'u. Keenya gannee kan ormaa ol kaasuun immoo seenaa keessatti nu gaafachiisa. Keenya balleessuuf gumaachuu illee ni ta'a. Itti haa fayyadamnu; ittiin haa barreessinu!!

©BEEKAN GULUMA ERENA, 2016